# Warri jannataa jannata erga seenanii booda, Rabbiin ol ta'e akkas jedhaan: waan ani isiniif dabaluu barbaaddan qabdanii?

Suheyb irraa odeeffame, Rabbiin isa iraa haa jaallatu, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhan: «Warri jannataa jannata erga seenanii booda, Rabbiin ol ta'e akkas jedhaan: waan ani isiniif dabaluu barbaaddan qabdanii? isaanis akkas jedhan: Fuula keenna nu hin ibsinee, jannata nu galchitee, ibidda irraa nagaa na hin baafnee? ni jedha: Eegasii (Rabbiin) girdoo ni saaqa, Rabbii ol ta'e ilaaluu caalaa wanta isaan gammachiisu tokkollee hin kennamne».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- warri jannataa yeroo jannata seenan, Rabbiin akkas isaanin akka jedhu himan: Waan ani isiniif dabaluu barbaaddan qabdanii? Warri jannataa hundi akkas jedhu: Fuula keenya nu hin ibsinee? Jannata nu galchitee, ibidda irraa nagaa nu hin goonee? Eegasii Rabbiin girdoo fuudhee ol kaasa, girdoon isaa ifaadha. Rabbii ol ta'e ilaaluu caalaa wanta isaan gammachiisu tokkollee hin kennamne.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/8344